Sirna Federaalaa Sabdaneessafi Ijaarsa Nageenyaa

Mana Maree Federeeshinii FDRI

Leenjii Guyyaa Saba, Sablammootafi Uummatoota Itoophiyaa 18ffaaf Kan Qophaa’e

Sadaasa 2016

Finfinnee

Contents

1. Seensa....3
2. Kaayyoo Sanadichaa....6
3. Kaayyoowwan Ijoo Sirna Federaalaa....7
4. Sirnii federaalaa sabdaneessan maaliif filannoon Itoophiyaa ta’e?....9
4.1 Haala ka’umsa sirna federaalaa Itoophiyaatti....9
4.2 Maalummaafi barbaachisummaa sirna federaalaa sabdaneessa (Multinational) Itoophiyaa....10
5. Saba, Federaalizimii fi Sirna Federaalaa Sabdaneessa....13
5.1. Saba, Sabummaa fi Xiinxala Yaad-rimee Federalizimii....13
5.2. Hariiroo Saba, Sabummaafi Federaalizimiin Qaban....16
5.2.1. Sirni Waaltawaa Jaakobiinotaa (ጃኮቢናዊ አሐዳዊነት) Yaadama Mootummaa Federaalaa Diigu....17
5.2.2 Federaaliziim akka mootummaa saba “ብሔረ መንግሥት” ijaaruutti....19
5.3 Koosmoopoltiyaa: Federaaliziim sirna Saba irra ce’ee waltajjii uumu....19
5.4 Yaadama federaaliziimii sab-daaneessaa itti fuufsiisuu....21
6. Sirna Federaalaa Sab-daaneessa fi Ijaarsa Nageenyaa....22
7. Sirna fedraalaa sab-daaneessaa Itoophiyaa fi ijaarsa nageenyaa....23
7.3 Sirna federaalaa sab-daaneessaa keessatti ijarsaa nageenyaaf guufuuwwan mul’atan....26
8. Dhimmoota xiyyeeffannoo fuul-duraa barbaadan....26
9. Gudduunfaa....27
References....28

1. Seensa

Biyya keenya Itoophiyaa keessatti fedhiiwwanii fi gaaffiiwwan heddumina eenyummaa irraa maddaniif jaarraa heddu laakkofsisan deebisuuf tarkaanfiwwan siyaasaa, Heera mootummaa, seeraa fi hojimaataa fudhatamuun isaanii ni beekama. Kanneen hunda keessaa inni adda durummaadhan caqafamu mirgootni saboota, sablammootaa fi ummatootaa kabajuuf wabii Heeraa kan kenne Sadaasa 29, 1987, guyyaa Heerrii Mootummaa Federaalaa Dimokiraatawaa Ripablika Itiyoophiyaa itti raggaa'edha. Guyyaan kun guyyaa mirgootni saboota, sablammootaa fi ummatootaa Itiyoophiyaa akka kabajamu wabiin heeraa ittii mirkanaa'edha. Kanuma qabatamaan mirkaneessuuf hojiiwwan hedduun bu'aa qabatamaa galmeessisani hojjatamnii jiru.

Haa ta'u malee ergaa Heerri mootummaa FDRI ragga'ee asi sirna federaalaa hojii irra oolchufi Heericha qabatamaan hojiitti galchuuf yaalin adda addaa kan godhaman ta'us; sirnii feredelaa haala qabatamaa biyyattii, qajeeltowwan federaalizimii fi deemsa sirna federaalaa bu'uura godhachuun harcaatii malee hojiirra oolaa jira jechuun ni rakkisa. Sababni isaas, Heerri mootummaa ragga'ee mootummootni federaalaa fi naannoolee ijaaramanii hojiitti haa galanii malee, yaadamaa fi ilaalcha federaalaa sirnichii barbaadu uumuu irratti hanqinaalee mul'atan waan turaniif. Dabalataanis qajeeltoowwan sirna federaalaa bu'uura godhachuun dhaabbileen ciccimoon uumamanii qormaatilee sirnicha muudatan karaa federaalaa ta'een yeroodhan hiikaa deemuu irratti hanga barbaadame milkaawodha jechuun hin danda'amu. Faallaa kanaatiin ammoo hayyootnifi nammoottan siyaasaa muraasa hin jedhamne walitti bu'iinsa bakka adda addaatti uumamaa jiran kana sirna federaalafi Heera biyyaattiitin walqabsiisun ni mul'ata. "federeeshinii federaalizimii malee" akka hin milkoofne osoo beekamuu akkaataa ilaalcha kanaan sirnicha sababeeffachuun ni mul'ata.

Akka waliigalaatti federaalizimiin falaasama waloomaa yoo ta’u amala dhala namaa irraa kan madde ta’e fudhatama. Dhallii namaa yeroo fi sadarkaa adda addaatti dhimma mataa isaafi waloo kan qabuufi isaan kana lamaanii madaala eegee jiraachu kan barbaadudha (Elazar, 1987).

Federaalizimiin yaadama ykn filanno yaadamaa sirna siyaasaa tokko karaa heddumina dantaa fi filannoo ummatootaan giddugala godhateen ijaaruu dandeesisuudha. Yaad-rimeen federaalizimii qajeeltoowwan bu’uuraa lama walitti simsiisee kan hammate yoo ta’u isaanis: waliin wal bulchuu (shared rule) fi ofiin ofi bulchuu (self rule) dha.

Yeroo dhiyoo asitti ’hariiroon mootummootaa’ akka qajeeltoo dabalataatti fudhatamaa haalii innii ittii dhufe ni mul'ata. Qajeeltowwan bulchiinsa waloofi bulchiinsa ofiinii hawaasa siyaasaa adda addaa walitti sassaabuudhaan dhimmoota faayidaa waliinii argamsiisan irratti bulchiinsa waliinii; akkasummas dhimmoota dhunfaa isaanii irratti bulchiin ofii akka hundeessan kan dandeessisan waan ta’aniif sirna siyaasaa dimokiraatawaa ijaaruu keessatti gahee olaanaa qabu.

Yeroo ammaa kana biyyoota akka Itoophiyaa saboota heddu ykn aadaa heddu qaban keessatti qajeeltowwan federaalizimii heddumina isaanii karaa kabajeen tokkummaa ijaaruu (Unity in Diversity) keessatti barbaachisummaa guddaa akka qaban hayyootni dirree kanaa ni ibsu (Gagnon 2001; Waatii 2007).

Sirni siyaasa federaalaa caaseffaama qabatamaa hojiirra oolman yaadama federaalizimii itti ibsamuudha. Yaad-rimee federaalizimii hojiirra oolchuf sirni siyaasa federaalaa barbaachisaadha. Sirni siyaasa federaalaas haala qabatamaa biyyootafi galma dhugoomsuf barbaadan irratti hundaa’un boca adda addaa qabaachu ni danda’a. Isaanis:- Konfedereeshinii, Federeeshinii, yuuniyeenii, Liigii, Asooseetid Isteeti, Federeesii fi isaan irras darbee sirni qeenxee hin waaltofnes ”ያልተማከለ አሐዳዊ ሥርዓትም” sirna federaalaa waliin amalli innii qooddatu akka jiru ni beekama (Watts 1996).

Yeroo ammaa biyyootni sirna federaalaa hordofan irra caalaan isaanii fayyadamaa kan jiran sirna federaalaa boca federeeshinii qabu yoo ta’u Itiyoophiyaanis kan hordofaa jirtu sirnuma boca kana qabuudha. Biyyoottan akka Itiyoophiyaa hedduminnii ibsituu isaanii ta’e keessatti sirnii federaalaa sabdaneessaan eenyummaa hundaaf beekamtii kennuudhan fedhiifi humna misoomuu naannawa isaanii irratti hundaa’uun akka misooman carraa banuun; dirree siyaasaa afaan, aadaafi seenaa isaanii ittii muldhisan baldhisuudhan; dhimma dhunfaa isaanii ofii isaanif akka bulchan haala mijeessun; akkasumas dhimmoota biyyoolessafi kan waliinii ta’an irratti qixaa hirmaattota akka ta’an kan ittii mirkaneeffatan; carraa qixa fayyadamuu kan itti dhugoomfatan; biyyaa isaanii gamtaa kan ittii misoomsan; dudhaalee waloo isaanii kan ittii cimsatan; eenyumaa isaanii kan ittii guddisaniidha.

Sirni federaalaa ittiigaafatamummaan seeraafi safuu (legal and moral) kan keessatti mirkanaa’efi saboota, sablammootafi uummatoota gidduutti waadadhan kan hidhame; wal-tumsi; wal-amanuun; dhimma isa biraa akka dhimma ofiitti ilaalun; wal-kabajuun; wal-deeggaruun; heerawummaan (constitutionalism) sirna keessatti dhugoome uumun kan raawwatamuudha.

Sirnichi gaaffilee siyaasaa, diinagdee fi dhimmoota hawaasummaa hedduminaan walqabatanii ka’an hammattoo sabdaneessummaa biyyoolessaa keessatti deebii argachaa akka deeman gochuun; jijjiirama caaseffamaa barbaachisoo ta’e fiduun; rakkoolee caaseffamaa furaa deemun; waldhabdee araarsuu irra darbee meeshaa ijaarsa nageenya ijoo akka ta’u taasisuudha.

Kun akkuma eegametti ta’ee sirnii federaalaa biyya keenyaa heddumina eenyummaaf beekamtii kan kennuufi sirna federaalaa sabdaneessaa heddumina keessatti hojiirra oolu kan hordofu ta’us, mootummaan calaqqee eenyummaa kan ta’an kan akka afaan, aadaaf kkf irraa of adda baasuu akka hin dandeenye irra deddeebidhan ni ibsama.

Jaarraa 15ffaa keessa Awurooppaa ka’umsa godhatee addunyaa kan dhunfate yaadamni eenyummaa heddu qabatee sabaafi mootummaa tokko tolchee mootummoota sabaa ”የብሔረ መንግሥታት” ijaaraa ture babaldhachaa dhufuun walqabatee keessattuu biyyoottan sirna federaalaa sabdaneessa ijaaran hariiroo federaalizimiifi sabummaan (ብሔርተኝነት) qabaniin walqabatee ilaalchota jiran sirnaan hubachuun sirna federaalaa sabdaneessa ijaaramuufi ijaarsa negeenyatiif akka ka’umsaatti ilaalama.

Sirna federaalaa biyya keenyaa keessatti sabaa fi sirna federaalaa waliin wal qabatee ilaalcha jiru sirriitti hubachuu; caaseffama hawaasummaa biyya keenyaa irratti hundaa’uun rakkoolee qabatamoo salphisuuf abdii keenya gara fuula duraa dagaagsun sirna federaalaa nageenya dhugoomsuu dandeesisu ijaaruf hubannoo walitti dhihaataa qabaachuf ni gargaara.

Barreeffama kana keessatti ilaalchotaafi agarsiiftuwwan federaalizimii fi sabummaa (ብሔርተኝነት) walqabatanii jiran; sirna federaalaa sabdaneessaafi ijaarsa nageenyaa bu’uura irraa xiinxaluuf karaa dandeessisuun ka’umsa mariif akka ta’utti dhiyeessuf yaalameera.

Akka biyyaatti dimokraatawaa fi federaalaawaa ta’uun biliisummaaf walqixxummaa uummatootaa eegsisuun ittiifufuuf ijaarsii nageenyaa murteessaa ta’uun ifagalaadha. Ijaarsii nageenyaa ammoo sirna mootummaa biyyaalessaa (የሀገረ መንግሥት) sabdaneessaa cimaa ijaaruu irraa adda ba’ee hin ilaalamu. Ijaarsa mootummaa biyyaalessaa keessatti dhaabbilee seerafi sirnaan hogganaman; walabaafi logummaa irra biliisa ta’anii hojimaata dursee beekame kan hordofan ittiifufiinsa ijaarun barbaachisaadha. Dhaabbileen kunneen ittiigaafatammummaa seeran ittii kenname sirnaan qabatanii akka ittiifufan dandeessisuuf ogeeyyota ilaalcha dimokiraatawaa; ga’umsa ogummaa olaanafi tajaajiltoota uummataa ta’an yeroo yeroon uumaa deemu gaafata.

Walumaagalatti ijaarsii mootummaa biyyoolessaa dhaabbilee; ogummaafi ilaalchota barbaachisoo ogeeyyota dhaabbilee san sochoosanii of keessatti

kan hammateedha. Kanaafu barreeffama kana keessatti sirna federaalaa sabdaneessa fi ijaarsa nageenyaa biyya keenyaaf haallii mijaataafi qormaatilee jiran baldhinnaan ilaaluf yaalameera. Dhimmootan haala mijataa ta’ee daran babal’isuun qormaatilee ammoo furuu ni dandeessisu jedhamaniifi kallattiin xiyyeeffannoo fulduraa dhiyaateera.

Sanadni leenjii kun kitaabotaafi joornaalota damee kanaa; bu’aa qorannoowwan Manni Maree Federeeshiniin yeroo adda addaa raawwate; leenjiwwan Gidduugalli Heerafi Hubannoo Federaalizimii yeroo adda addaa kennaa ture fi gaaffilee leenjifamtoota irraa ka’aa turanii fi qorannoo gabaabaa bu’uura godhatee kan qophaa’edha. Leenjifamtootni leenjii leenjistootaa kana fudhatan yeroo gara naannoo isaanii fi hawaasa irraa dhufanitti deebi’anii leenjicha kennan haala qabatamaafi muuxannoo naannoo isaanii dabalanii akka dhiheessan ni eegama.

2. Kaayyoo Sanadichaa

Kaayyoon sanada kanaa kaayyoo ayyaanichaa irraa kan madde yoo ta’u, kunis saboota, sablammoota fi uummatoota Itiyoophiyaa gidduutti tokkummaan sabdaneessaa sabdaneessummaafi walqixxummaa irratti kan hundaa’e akka hidda godhatee dagaagu gochuudha. Kanaafuu, kaayyoon sanadichaa Heerafi barnoota federaalizimii irratti sadarkaa biyyoolessatti gaggeessun kaayyon guyyaa saboota, sablammoota fi uummatoota Itiyoophiyaa 18ffaa ”heddumminniifi walqixxummaan tokkummaa biyyaatif” mataa duree jedhuun kabajamu akka milkaa’u gahee isaa bahachuudha.

3. Kaayyoowwan Ijoo Sirna Federaalaa

Sirnootni federaalaa gosaa fi hojiirra oolmaa qajeeltoowwan sirnichaatin adda adda haa ta’an malee, kaayyoo hundeeffamaniif irraa ka’uudhan yeroo ilaallu sirnoonni federaalaa hundi kaayyoo waloo kan ta’an ni qabu. Isaanis kanneen armaan gadiiti:-

1. Aangoo Birmadummaa (ሉዓላዊ ስልጣንን) Mootummoota Giddugaleessaa Fi Naannooleetiif Kennuu

Kunis irra caalaan karaa heeran deeggarameefi wabii qabuun aangoo mootummaa giddu galeessaa fi naannolee hanga danda’ametti ifa gochuun tarreessuu irratti kan hundaa’edha. Kun ammoo birmadummaa mootummootaa irratti bu’uura kan godhate jechuudha.

Mootummootni gulantaa adda addaa irra jiran heera mootummaatiin alatti seerota qoodinsa aangoo tokko tokko irratti waliigaluufi akkasumas tokkoon tokkoon caasaa mootummaa kutaa waliigalticha akka kabaju amanu qabu. Sirnii federaalaa haala kanaan ijaarame galma barbaachisu gahuuf mijataadha. Kanaafuu, amaloota sirna federaalaa gaggaarii kan jedhaman wal-amantaa fi waliigalteen waliin jiraachuun ifaatti ba’ee mul’ata.

2. Yeroo Wal Fakkaataatti Tokkummaa Biyyaa Eeguufi Dagaagsuu fi Naannolee Keessatti Heddumina Keessummeessuu

Kaayyoowwan ijoo sirna federaalaa keessaa innii tokko sirna bulchiinsa mootummaa heddumina keessummeessuu dandeesisu uumuufi yeroo wal-fakkaatatti ammoo tokkummaa biyyaa mirkaneessuf haala mijeessudha. Biyya tokkummaan ishee eegama ijaaruf dhimmii murteessan heddumina fedhii sirnaan keessummeessu danda’u akka ta’e ni beekama. Yeroo kun mirkanaa’u mira abbaa biyyummaa cimaa uumuu bira darbee hariiron uummatoota, mootummootaa fi dhaabbilee gidduu jiraatu fayyaalessa ta’a; akkasumas dantaa dhunfaafi waloo mirkaneessuf ni gargaara.

Kana waan ta’eef, beekamtii heddduminaaf kennu irra darbee wabii heerafi eegumsa seeraa ga’aa mirkaneessun barbaachisaadha. Bakka kun hin taanetti sirnii federaalaa kan qormaata keessa galu; nageenya waara mirkaneessuun rakkisaa kan ittii ta’ufi tokkummaan dadhabuu irraa kan ka’e miirrii biyya tokko ijaaruu ni qabbanaa’a; isa irras darbee carraan walitti bu’uu ni baldhata.

Dhumma irratti dhimmii ka’u qabu yoo jiraate, fedhii keessoo siiyaasaa, hawaassummaa fi dinagdee biyyoottan sirna federaalaa hojii irra oolchan irratti kan hundaa’edha. Kana jechuun fakkeenyaf, caasseffamni sirna federaalaa sabdaneessan biyyii kenya Itiyoophiyaan filatte haala qabatamaa biyya keenyaa, keessattuu gaaffiilee sabaa irratti kan hundaa’edha.

3. Humna Cimaa Ijaaruu

Federeeshinii uumun ajandaawwan biyyoolessaa gurguddaa dhunfaan hin milkoofne ykn hamma barbaadame milkeessuf rakkisan waliin ykn tumsaan galmaan gahuuf ni gargaara. Fekkeenyaf, humna ittiisaa guddaa; diinagdee guddaa ijaaruf kkf kan milkaa’an dhunfaan osoo hin taanee gurmaa’ina sirna federaalatiin.

4. Shaakala Dimokiraasii

Sirnii federaalaa dagaaguun hariiroo dimokiraatawaatif faayidaa guddaa qaba. Keessattuu, sirna bulchiinsa mootummaa ammayaa keessatti dimokiraatawummaan baayyee barbaachisaa ta’u isaan walqabatee sirna federaalaa keessatti shaakala dimokiraasii tolchuuf haalotni mijataan jiru.

5. Gosa Federeeshinii

Federeeshinootni baay’inaan kan ibsaman beekamtii garaagarummaa sabaa fi afaaniif kennan irratti hundaa’udhan. Bu’uuruma kanaan federeeshinotni bakka lamatti qoodamaniiru. Isaanis:- teessuma lafaafi quubsuma ummataa irratti kan hundaa’e (መልክዓ ምድራዊ) fi federeeshinii sabdaneessa jedhamuun qooddamu.

Federeeshinii teessuma lafaafi quubsuma ummataa irratti hundaa'e garaagarummaa sabaa, afaanii, seenaafi kanneen birootif ykn hedduminaaf beekamtii kan hin kennine ta'ee, sirna federaalaa teessuma lafaatin qofa qoqqoodamuudha. Sirnotin federaalaa biyyoota lixaa hedduun, kan akka Ameerikaa, Awustiraaliyaa fi Jermanii gosa federeeeshinii kana jalatti kan kufaniidha. Federeeshinootni kun barmaatan "federeeshinii sabaa ykn sab-tokkee" (national or mono-national federations) jedhamanii waammamu. Federeeshiniiwwan kunneen irra caalaan isaanii kan hundeeffaman naannoleen duraan walaba ta'anii jiraatan walittii sassaabamunidha. Kaayyon isaanii guddaan namoottan kutaa siyaasaa adda addaa keessa jiraatanii aadafi afaan tokko qooddatan tokko gochuu irratti kan xiyyeeffateedha (coming together of their units).

Federeeshiniin innii lammaffaan federeeshin heddumina sabaafi afaanii ilaalcha keessa galchuun gurmaa'udha (multinational and ethnic federations). Federeeshinoon kunneen sirna federaalaa sabdaneessa ykn sabaa jedhamanii waammaman. Amalli isaanis, gurmaa'ina mootummaa sabootni ykn sablammootni heddumina eenyummaa qaban hiree ofii ofiin murteeffachuu; ofiin of bulchuu; aadaafi afaan isaa guddiffachu karaa dandeessisun ijaaramee akka ta'e hayyuun federaalizimii Willikimilka jedhamu ni ibsa. Federeeshinii sabdaneessafi federeeshinii sabaa gidduus garaagarumman ni jira. Gama biraatin ammoo hayyuun Henariyii jedhamu ijaarsaa naannolee ta'e jedhamee sabaan walitti hidhamee gurmaa'edha jechuun ibsu. Bu'uura kanaan federeeshinii sabaatin (ethnic federation) dhimmii biyyaa hundii saba irratti kan hundaa'edha.

4. Sirnii federaalaa sabdaneessan maaliif filannoon Itoophiyaa ta'e?

4.1 Haala ka'umsa sirna federaalaa Itoophiyaatti

Sirni federaalaa bara 1995 ALA biyya keenya Itoophiyaa keessatti hundeeffame bifa isaatin adda haa ta'uyyuu malee akka muuxannoo sirna federaalatti biyya keenyaf isa jalqabaa miti. Muuxannoon sirna federaalaa inni jalqabaa kan eegale bara 1950moota keessa yeroo Ertiraan gita bittaa Xaaliyaanii jalaa biliisa baate sirna federaalaa uumameedha. Bara 1952 irra hanga 1950tti Itiyoophiyaan sirna mootummaa federaalaa kan qabdu yo ta'u, federeeshinichii diiggamee mootummaan waaltawaan (unitary) kan gurmaa'e sanan boodadha. Diiggamuun federeeshinii kanaa taatewwan adda addaa uumeera jira. Fekkeenyaf, waraana walabummaa Ertiraa hordofsiisee jira. Kuni ammoo sochiin walfakkaatan walabummaa sabaa biroo kaa akka Tigraay, Oromoo, Somaalee fi kkf keessatti akka uumamu karra baneera.

Muuxannoo hojiirra oolmaa sirna federaalaa idilee kanaa malees, naannoleen kana duras aangoo gahaa gonfatanii hojjechaa akka turan ragaaleen agarsiisanis ni jiru. Haa ta'u malee Haylesillaasen sirna hojimaata mootummaa ammayyeessu (rationale of modernization) jechuun tarkaanfii fudhataniin ammayyummaa sababeeffachuudhan sirna bulchiinsa naannolee duraan ture diiganii hoggantoota naannoo ofiin ofi bulchanii ykn Awuraajjaa balleessudhaan sirna Fiwudaalaa kallattii cimsuun maatii nuguusootatiin bulchiinsota ijaarun bulchuuf murteessan. Sababa kanaan heddumina dagachuu irra darbee sirni Fiwudaalaa olaantummaa Nugusichaa mirkaneessu uumameera. Yeroo kannatti heddumina keessummeessun sadarkaa yaadattis ta'u hin turre. Kanatti aanee kan ture mootummaan Dargii sirna mootummaa waraanan hogganamufi dimokiraatawaa kan hin turreedha. Mootummaan Dargii jijjiirama siyaasaafi diinagdee hedduu taasise ture. Kanneen keessaa sirna Fiwudaalaa diiguufi sirna diinagdee sooshaalistii ijaaruun "laftii qotee bulaaf" dhaadannoo jedhu hojiirra oolcheera.

Haa ta'u malee gaaffilee heddumina eenyummaa yeroo sana turan cinaatti dhiisun yaadama tokkummaa biyyoolessaa jedhun mirgii sabaafi

sablammootaa beekamtii kan hin argannee, akkasummas gaaffiileen kan hin keessummeeffamne akka ture seenaa irra hubachuun ni danda'ama. Kunis uummatoota birratti quufa dhabuu uumaa dhufee kufaatii sirna Dargiitif sabab ijoo ta'eera. Isaan keessas innii tokko,sababni Itiyoophiyaan federeeshinii kana ijaaruf filatte, gaaffii umrii dheeraa laakkofsise kan 'sabaafi sablammootaa' bara 1970moota keessa laallifama tureedha. Gaaffiwwan kunneen qabiyyee siyaasafi seenaa yeroo dheeraa laakkofsisefi walxaxaa ta'e kan qabniidha.

Gaaffiiwwanifi fedhiiwwan kanaa deebisuuf sirna federaalaa sabdaneessa filachu dirqama tasiseera. Haaluma kanaan gaaffiwwan heddumina eenyummaa keessummeessamaa kan turanifi bu'aanis kan argame ta'uyyu haalii qabiinsa heddumina keenya hanqinaalee kan qabu ture.

4.2 Maalummaafi barbaachisummaa sirna federaalaa sabdaneessa (Multinational) Itoophiyaa

Sabdaneessummaan gaalee jechoota lama walitti hidhee qabateedha. Sabaa fi daneessadha. Jechii daneessa jedhu hedduu, bifa baayyee, gosa baayyee, hallu baayyee kan hammatu yo ta'u; saba kan jedhu (Gubnauer 1999) haala armaan gadiitin hiikanii jiru "sabni hawaasa amantaa nuuti hawaasa tokko jedhuun qabu; xinsammuufi aadaa waliin qooddatu; teessuma lafaa eenyummaa isaanin walitti hidhate; seenaa waloo fi galma waloo fulduraaf waliin qabna jedhanii kan yaadaniifi gaaffii ofiin ofi bulchu uummatootni qaban kan keessatti walgahaniidha". Gabaabumatti sabdaneessummaa yoo jedhamu sabootni hedduun ykn garaagaraa tokkummaan waliin jiraachu kan ibsuudha.

Sirni federaalaa sabdaneessan hawaasa sabdaneessa bulchuuf qubsuma walitti hidhataa keessatti sabootaf bulchiinsa mata isaani gurmeessu fi sadarkaa biyyaatti mootummaa biyyoolessaa federaalaawa tokko jalatti dhimmoota waloo hirmaannaa isaanii mirkaneessu bu'uura kan

godhateedha. Sirni federaalaa sabdaneessaan hawaasni akka saba tokkootti ofi ilaalu biyya tokko keessa jiraachun walqabatee fedhiifi gaaffii hawaasota kanaa kallattii dimokiraatawaa ta’een keessummeessuf deemsa deemamuudha .

Karaa biraatin sirna federaalaa sabdaneessaa jechuun ibsitootni eenyummaa garee yaadama bu’uuraa siyaasa fi caaseffama mootummaa sirnichaa keessatti kan calaqqisan jechuudha. Ibsitoota eenyummaa garee kan jedhan ammoo saba, sablammii, aadaa, afaan, amantii, bu’uura seenaa, walitti dhufeenya hawaasaa fi kkfdha. Kanaafu sirni federaalaa sabdaneessaan, sirna hedduminaafi tokkommaa walsimsiisun tokkummaa biyyaa ittiifufsiisudha.

Hedduminaa fi tokkummaa ittiifufsiisuf fedhiiwwan adda addummaa irraa maddan garuu tokkummaan kan dhugooman jiraachun dirqama. Dabalataanis, seenaan waloo faayidaa walootiif hojjetame jiraachuun ni barbaachisa. Kanarraa kan hafe aadaa, afaan, amantii, qubsuma, gabaa fi daldala, akkasumas walitti hidhatiinsa hawaasaa baldhaafi walirraa fudhannaan jiraachun hedduminaafi tokkummaa ittifufsiisuf hariiroo baayyee barbaachisoodha. Kanaaf sirna federaalaa sabdaneessan tokkummaafi eenyummaan kan keessatti dagaagu ta’ee heddumina irratti hundaa’un gamtaa uumamuudha.

Sirna federaalaa sabdaneessa ijaaruuf fedhiiwwan waloo barbaachisoo ta’an jiraachuu qabu. Keessattuu gabaa baldhaa, humna ittisaa cimaa, hariiroo idil-addunyaa irratti humna dippilomaasii cimaa fi humna yaada ofii hubachiifachuun falmachu, hariiroo daldalaa cimaa fi kkf jirachun sirna federaalaa sabdaneessa cimaa ijaaruuf barbaachisoodha. Taateewwan Kunneen humna lallaafaa (soft power) jedhamun waammamu. Gama biraatiin, agarsiiftuwwan eenyummaa waloo, keessattuu, lammummaa waloo, alaabaa waloo, hubannoo seenaa waloo, miira biyyoolessaa walooma irraa maddu, kkf jiraachuun milkaa’ina sirna federaalaa sabdaneessaf murteessaadha.

Biyyoonni saboota isaan keessatti argamaniif beekamtii ofiin of bulchuu yoo kennan fi mootummoota miseensota federeeshinichaa keessaa tokko ykn isaa ol afaan, aadaa ykn agarsiiftu sabaa kan biraa bu’uureffachuun kan gurmaa’an yoo ta’an federeeshinoota sabdaneessa jedhamu (Hall, 2004).

Biyyoota sirna federaalaa hordofan keessatti qajeeltoowwan sarbamuu hin qabne jiru. Qajeeltoowwan kunniin:- waadan Heeran raawwatame jiraachufi kabajamu; tokkummaa waliigaltee fi waliif hayyamu (በመፈቃቀድ) irratti hundaa’e; caaseffama siyaasaa heddumina calaqqisiisu giddu galeessaafi naannoleetti hordofuun; walkabaju; waldeegaru; dudhaa waliin jiraachuu guddifachuufi kkfdha.

Dimshaashatti, gurmaa’insii federaalaa kun biyyoottan saba heddu qaban heddumina fi fedhiin siyaasaa, hawaasummaa fi dinagdee isaan walqabatee jiru karaa fooyyee ta’een bulchuu, sabootni lafa irratti qubatan irratti aangoo birmadummaa ofiin ofi bulchuu akka horatan gochu, akka filannoo gaaritti kan fudhatuudha.

Haa ta'u malee, caaseffama waliin walqabatee dhimmootan falmisiisoo ta’an kan jiran yoo ta’u dhimmoota falmisiiso kanaan walqabatee ammoo marii siyaasafi akkaadaamii baldhaan gaggeeffamaa tureera; ammas gaggeeffamaa jira.

Mariilee siyaasas ta’ee kan akkaadamii gaggeeffamu keessatti faayidaa gurma’iinsii kun biyyoota sabdaneessa ta’aniif argamsiisu daraan guddisanii muldhisuunis ta’e qormaatilees guddisanii muldhisun deeggartoonnis ta’an mormitoonni yaadamichaa qabxii isaanii agarsiisuf biyyoottan muraasa filataman irratti qofa kan xiyyeeffate waan ta’aniif hanqina qorannoo akka qaban ni eerama (Kosler, 2018).

Asi irratti wanti hubatamuu qabu tokko sirna federaalaa sabdaneessafi sirni federaalaa sabummaa irratti xiyyeeffate (multinational and ethnic) adda adda akka ta’aniidha. Sirni federaalaa sabummaa irratti xiyyeeffate (multinational and ethnic) sirna federaalaa sabdaneessa (multinational)

biyyii kenya Itiyoophiyaan hordoftu irraa addaadha. Sirni federaalaa kenya akka tokko tokko jedhan sabummaa irratti kan xiyyeeffate osoo hin taanee sabdaneessummaa (multinational) irraatti kan bu'uura godhateedha. Qormaatileen tokko tokko yoo nu muudatanis nannoleen biyya keenya Itiyoophiyaa keessatti argaman hundii sabootni, sablammootni fi ummattootni haala tokkummaan waliin jiraachuu danda'aniin kan caaseffamaniidha. Heerotni muraasni kan faallaa kanaa akeekan jiraatanis, qabatamaaan garuu wantii adda isaan taasisu hin jiru. Rakkoolen mul'atan kan faallaa kanaa ta'anis kan sirna federaalichafi Heeran walqabatanii uumaman osoo hin taane dhimmoota walitti dhufeenya qaban biraa, fkn aadaa dimokiraasii hin dagaagne, qaawwa marii, hunda hammatu dhabuu, rakkoolee olaantummaa seeraa, daldaltoonni siyaasaa baay'achuu fi itti yaadanii sirna federaalaa diiguuf jecha waan sirna federaalaa waliin walqabsiisuu irraa madda.

5. Saba, Federaalizimii fi Sirna Federaalaa Sabdaneessa

5.1. Saba, Sabummaa fi Xiinxala Yaad-rimee Federalizimii

Maalummaa sirna federaalaa sabdaneessafi ijaarsa nageenyaa; qabiyyeefi rakkoolee qunnamu danda'an; fi maloota rakkoolee qunnaman cehuuf dandeessisan irratti mari'chuun yaad-rimeewwan ijaarsa nageenyatiif bu'uura ta'an irratti hubannoo walfakkaatoo qabachuun filatamaadha. Hubannoo walitti dhihaataa qabaachuuf ammoo sirnicha irrati marii gaggeessun hubannaa waloo argachuun sirnichi ijaarsa nageenyatiif bu'uura ta'u isaa hubachuun murteessadha.

Dhimmoota hawaasa tokkummaan ittiifufsiisan irratti yaadama waloo yoo xiqqaate gara hojii qabatamaatti nu galchu danda'an irratti hubannoo walitti dhihaataa qabaachu qabna. Hanga kana hin qabaatin ilaalcha siyaasaa qabnu irratti hundaa'udhan dhimmoota waloo keenya irratti

socho’uuf rakkisaa ta’u irra darbee ka’umsa walitti bu’iinsafi farra nageenyaa ta’u danda’a.

Hanga sirni federaalaa biyya kenya keessatti hojiirra oolee kaasee qormaatilee nu qunnamaa jiran keessaa innii guddaan tokko yaad-rimee federaalizimii, saba, sabummaa, sirna federaalaa sabdaneessa jedhaman irratti hubannoon walitti dhihaatan uumamu dhabu isaati. Bakka hubannoon walitti dhihaatan hinjirretti dhimmoota waloo keenya raawwachuuf yaad-rimeen bu’uura sirnichaa ta’an hojiirra ooluu yeroo eegalan gamaafi gamas taa’anii walharkisuun ni uumama. Kanaan walqabatee taatewwan amala bu’uura sirnichaa hin taane, walitti bu’iins, walamanta dhabuun, garagarummaan, walmorkiin fayyaa qabeessa hin taane, fiinxaleessummaan sabaa, dhimmaa ofii qofa afarsuun kan waloo dagatani deemu yaalu, sarbamuun mirga namoomaa, buqqa’uun lammiilee fi kkf akka amala sirnichaatti ilaalun dabalaa dhufeera.

Kanuma irraa ka’uudhan rakkoolee biyyatti hundaaf sirna federaalaa keenya akka sababaatti ilaalun ni jiraata. Keessattu ilaalchi kun garee sirnicha morman biratti baldhinaan kan muldhatuudha. Qaamni sirnicha deeggaru ammoo haala hojiirra oolmaa sirnichaa keessatti aadaa siyaasaa qabnu fi haalota diinagdeefi hawaasummaan walqabatee deemsa hojiirra oolmaa sirnichaa keessatti rakkoolee qunnaman adda baasun sirnicha karaa cimsuun gaggeessu caala inumayyuu sirnichii akka rakkoo hin qabneetti ilaalun ni mul’ata.

Yaad-rimeewwan bu’uuraa sirnichi irraatti ijaaramun walqabatee hubannoo barbaachisa qabaachu dhabuun garaagarummaa ilaalchatiif ka’umsa ni ta’a. Sababni isaa ammoo rakkoolee nu qunnamaniif yaad-rimee bu’uura godhachuun ilaalchi nu qabannufi hiikkon nuti ittii kenninu sirrii ta’u isaa amanuudhan gara hojii qabatamaatti waan galluufidha.

Sirna federaalaa sabdaneessa keessatti ilaalchotni heddumina irraa maddan baayyen jiru. Yoo dhimmoota bu’uuraa irratti waliigalteen jiraate ”jiraachun ilaalchota kanaa rakkoo hin ta’u” hubannoon jedhu rakkoo keessan kan nu galchuufi heddumina keessummeessu rakkisa gochu irra darbee ijaarsa sirnichaaf gufuu ta’a. Kanaafuu qaama barreeffamichaa baldhaa ta’eef kutaa adda addaatti qoodametti darbuun dura saba, sabummaa, fi federaalizimii irratti hubannoo walitti dhihaataa qabaachun marii keenya bu’aa qabeessa akka taasisnu yaad-rimeewwan balballoomsuf yaalameera.

Yaad-rimeen ‘Saba’ jedhu akkuma yaad-rimeewwan saayinsii hawaasaa kanneen biroo qorattoota biratti hiikkan tokkoofi walfakkaatan hin muldhatu. Irra caalaa akkaatuma kallattii xiyyeeffannoo qorataatti qabiyyee yaad-rimichaa guddisanii muldhisu irratti xiyyeeffatu (Norman, 2006). Norman (2006:4) qorattooni dhimmichaa yaad-rimeen saba jedhu walitti akka dhihaatan ibsuun dhimmota armaan gadii tarreessee jira.

- Sabootni hawaasa ta’u isaanii;
- Sabootni sadarkaa hiikkatti mootummaa waliin kan walitti hidhaman ta’u dhiisu isaanii; ta’us garuu mootummotaa sabaa (ብሔረ መንግሥቶች) murtaa’an jiraachu isaanii;
- Amaloota muraasa adda adda ta’aniin adda ba’u kan hin dandeenye; ta’us sabootni bakka jirenyaa waloo kan qaban, afoola waloo kan qaban, seenafi afaan hawaasa qooddatan akka ta’an;

Kan gubbaatti tarreeffaman irratti dabalataan hawaasa ’miirafi yaadan’ uumaman akka ta’an ogeessotni baldhinaan xiinxalan kan jiran yoo ta’u ”hawaasni saba kan ta’u yoo harki guddaan miseensa hawaasichaa ’nuuti saba’ jedhee yaadufi miirri kun isaan keessatti muldhatuudha”. Dabalataanis, yoo miseensotni hawaasichaa laakkofsa ga’aa qaban nuuti ’eenyumaa addaa’ qabna jedhanii yaadaniifi fedhii ofiin ofi bulchu yoo qabaataniidha (Norman, 2006); (Gelner, 1983). Sabootni bu’aa amantaa, amanamummaafi walooma dhala namaati jedhamanii ni ibsamu. Hawaasa tokko saba jedhani fudhachuuf ulaagan duraa lakkofsii ga’aan miseensa

hawaasichaa ‘nuuti saba’ jedhee amanuufi bulchiinsa ofii ykn “hiree koo ofiin murteeffachu qaba” jedhee yoo yaade akka ta’e qorattootni dhimmichaa ni ibsu (Norman, 2006).

Walumaagalatti yaad-rimeen ’saba’ jedhu miseensota hawaasa tokkoo kan naannoo tokko qubatan ta’anii miseensotni kun afaan, aadaafi seenaa waliinii qabna jedhanii yoo yaadaniifi ofiin ofi bulchuu kan barbaadan ta’uun amala guddaa isaan adda baasudha.

Sabummaa yaad-rimeen jedhu ammoo yaad-rimee ’saba’ jedhu caala kan walxaxe; namoota baayyefi hiikkaa adda addaa kan kennuufi ilaalchi adda addaa kan keessatti calaqqisuudha. Hariiron sabaafi sabummaa kan walitti hidhame ta’u irraa kan ka’e saba sabummaa irraa, akkasummas sabummaa saba irraa adda baasanii ilaalun rakkisaadha. Sabummaan bakka hin jirretti jiraachun sabaa waan hin herregamne akkuma ta’e bakka sabni hin jirretti sabummaan hin herregamu. Kaanaf Ismiizi (1983) qabxiilee sabummaa hubachiisan jechuun akka armaan gadiitti kan tarreesse ilaalun barbaachisaadha:-

- Deemsa waliigalaaa saba ykn mootummaa sabaa (ብሔረ መንግሥትን) ijaaru;
- Dammaqiinsa ‘nuti miseensa sabichaati’ jedhuun uumamu; kanaan walqabatee miira sabichaaf uumamu; badhaadhinaafi nageenya sabichaatif fedhii cimaa uumamu;
- Shoora mallattoofi afaan sabichaa;
- Aydiyoologii (Ideology), doctrine, fedhii sabaa, fedhii fi kallattii fedhiin kun ittiin milkaa’u kaa’uu kan dabalatudha;
- Galma sabichaa milkeessudhan dantaa waliigalaa dhugoomsuf tattaaffii taasifamu akka dabalatu ibsaniiru.

Walumaagalatti sabummaan yaad-rimee adeemsa, miirafi eenyummaa; seenessa siyaasaa; aydiyoolojii; qajeeltowwan; sosochii siyaasa hawaasaa ibsuudha (Norman, 2006). Kanaan alattis, karaa sabummaan ittiin ibsamu jiraatus, qorataan tokko ykn inni biraa yaada tokko akka qabiyyee bu’uuratti

fudhachuun yaad-rimicha xiinxaluun ni mul’ata. Fakkeenyaf, Gelner (1983) sabni jalqaba irratii qajeelto siyaasaa yoo ta’u qajeelton sunnis xiinxala baratame kan ”sabaafi mootummaan bakki ittii gurmaa’an fi jiraatan bakka waliif galtee ta’u danda’anitti” jedhudha.

Sabaafi sabummaa dhimmoota adda hinbaane; qaamoleen hawaasaa baldhina qabaniif heddun isaanii ’nuuti hawaasa tokko’ jedhanii yaadan ittii ibsamaniidha. Kana cimsuufi ittiifufsiisuf ammoo ofiin ofi bulchu kan barbaadan; fedhii isaanii milkeessuf dhimmoota adda addaa irratti sochii bakkaafi haala adda addaa keessatti godhaniidha jechuun ni danda’ama.

Yaad-rimeewwan bu’uuraa kana irraa ka’uudhan biyyii keenya sabafi sabummaa akkamitti ilaalaa jirti? Haala qabatamaa biyya kenyaa waliin kan walsimu ilaalchota akkamii dagaagisaa deemaa jirra? Yaadotni jedhan tokkumaa kenya fuulduraatif, walqixxummaa fi sirna dimokiraatawaa sabdaneessa hawwinu walkabaju irratti ijaarufi ijarsa negeenyaa kenyaf murteessadha. Saba, sabummaafi federaalizimii irratti hariiroo biyya keenyaf barbaachisa ta’e akeekuf akka tolu yaad-rimeefi xiinxala federaalizimiin walqabate jiru haa ilaalluu.

Federaalizimiin bu’uuran ’falaasama waloomati’ jechuun gabaabumatti ibsuun ni danda’ama. Federaalizimiin sirna waliigaltee irratti bu’uureffate; ittiigaafatamummaa seera (legal) fi safuu (Moral) kan qabu; mirgii hundaa walqixxumman kan keessatti kabajamu; dhimmootni dhunfaafi waloo madaala isaanii eegatanii kan itti deemaniidha. Dabalataan rakkoolee ilaafi ilaamedhan hiikuu; walamanu; waldeeggaru; waliif tumsu bu’uura godhachuun gurmaa’insa sirna federaalatiin yaadama hojiirra ooludha.

Akka yaada federaalizimiitti sirni federaala sabdanessaa biyya keenyatti ijaarama jiru haala qabatama biyya keenyaa waliin walsimatee deemaa jira. Sabaa fi sabummaan walqabatee beekamtii saboota biyya keenyatti argamaniif kennu irraa eegalee sadarkaan hirmaanna isaani mirkaneessu barbaada. Sabootni hundi dhimma waloo isaani irratti tokkummaan

dhaabbatan; naannoolee hunda keessa socho’uun qabeenya kan ittii horatanii fi ofii isaanii irra darbanii waa’e saba biraa yaadan hordofuufi dagaagsun bu’a qabeessa ta’a. Mirgoota sabootaa kabajuun mirgootafi biliisummaa bu’uuraa dhunfaa kan keessatti hin sarbamne, sirna sabdaneessa biliisafi dimokiraatawaa cimsuun tokkummaa sabdaneessa dagaagisudha. Kana waan ta’eef saba, sabummaafi federaalizimiin walqabatanii ilaalchowwan jiran akka armaan gadiitti baldhinaan dhihaataniiru.

5.2. Hariiroo Saba, Sabummaafi Federaalizimiin Qaban

Oler (2001) saba, sabummaafi federaalizimii gidduu ilaalchotni bu’uuraa afur akka jiran ni ibsa. Ilaalchotni kunneen gurma’iinsa mootummaa adda addaa irratii dhiibbaa mata isaanii kan uumaniif ammas kan uumaa jiraniidha. Ijaarsa sirna federaalaa biyya keenyaa keessatti saba, sablammootafi uummatootni bu’uura sirnichaa beekamoo ta’anii fudhatamanis (Heera mootummaa FDRI seensa isaafi keewwata 8 akka fakkeenyatti ilaalun ni danda’ama) saba, sabummaafi federaalizimii irratti namoottan siyaasafi akkaadaamii birratti hubannoon walitti dhihaatan hin qabatamne. Kana waan ta’eef sirna federaalaa kana karaa sabdaneessa ta’een hojiirra oolchuf qormaatileen salphaa hin jedhamne nu qunnamaa jiru.

Qormaatilee kana cehuun haala mijataa uumuuf, yaadamoota kana irratti hubannoo haala qabatamaa biyya keenyaa waliin walitti dhihaatu qabaachun mootummaa biyyoolessaa (ህገረ መንግሥት) hawaasa biratti fudhatama qabuufi nageenya waara mirkaneesssuf murteessaa akka ta’etti fudhatama. Adeemsa mootummoota ijaaruu keessatti yaad-rimeewwan bu’uuraa sadan, jechuunis saba, sabboonummaa federaalizimiin ijaarsa mootummaa biyyoolessaa keessaatti haala lafa qabataniin ilaalun barbaachisaadha. Yaad-rimee kana haala qabatamaa biyya keenya waliin walbira qabne ilaalun sirna federaalaa sabdaneessa walqixxummaafi tokkummaa

sabdaneessa irratti hundaa’e biyyaa keenyatti ijaaraa jirruf murteessadha. Kanaaf ilaalchotni afuraan hariiroo saba, sabummaafi federaalizimii giddu jiruun walqabatanii jiran akka armaan gadiitti dhihaataniiru.

5.2.1. Sirni Waaltawaa Jaakobiinotaa (ጃኮቢናዊ አሐዳዊነት) Yaadama Mootummaa Federaalaa Diigu

Yaadamni Jaakobiinotaa warraaqsa Faransaayi keessatti kan dagaagefi sirni federaalaa farra warraaqsichaa akka ta’eetti kan ilaalu; qooqa tokko dubbachuufi uummatni walfakkaataan birmadumma tokko qabu akka hin ijaaramne kan karaa cufu gochuun ni ilaalu. Jaakobinotni kan filatan uummatni laakkoofsa xiqqaa qabu tokko mirgi ofiin ofi bulchu akka kabajamuuf osoo hin taane liqimfamanii hawaasa afaan biyyoolessaa tokko, aadaa fi eenyummaa tokko qabu ijaarudha. Dhaadannoon yeroo sanatti beekkamaa ta’e ba’e ‘qotee bulaa nama Faransaayi gochu’ isa jedhu yoo ta’u kana gochuuf ammoo kutanno cimaa qabu turan.

Kaayyon kun akka hin milkoofne gufu ni ta’u jedhanii kan yaadan federaalizimiifi mormitoota turan. Jaakobiinotni hedduminaaf deebin isaan kennan ’mootummaa waaltawaafi saba Faransaayi tokko uumuu’ kan jedhu ture. Yaadamni Jaakobiinotaa fedraalizimiin walqabatee mootummootni ofiin ofi bulchan jiraachun uummata walqixxummaan jiraatufi biyya birmadummaan ishee eegame waliin akka wal hin simnetti ilaalu. Bulchiinsa ofiin ofi bulchu eeyyamuun uummatooni laakkofsa xiqqaa qaban saba bu’uureffachuun sochi gochu eeyyamu akka ta’e gochuun hiikkaa itti kennu. Bulchiinsa ofiin ofi bulchu eeyyamuun uummatooni lakkofsa xiqqaa qaban saba bu’uureffachuun sochi gochu yoo hin barbaadne maalif? Bulchiinsa ofiin ofi bulchan barbaadan gaaffii jedhu ni kaasu. Sabdaneessummaaf beekamtii siyaasaa kennuun gara bulchiinsa boodatti hafaa akka qajeelchufi uummatootni laakkofsan heddu ta’an warra lakkofsan xiqqaa ta’an akka ofirraa dhiibaniifi dhiibbaa irratti godhan haala mijeessa; garaagarummaa qaama mootummaa gochuun ni jajjabeessa; tokkummaa mootummaa saba

(ብሔረ መንግሥቱን) ni laaffisa; balaa keessa ni buusa jechuun rakkoolee qofa irratti xiyyeeffatanii ni kaasu.

Yaadama kana irraa ka’uun ilaalchi Jaakobinotaa ’mootummaan waaltawaan tokkummaafi walqixxummaa lammiilefi birmadummaa biyyaa ni barbaachisa’ jedhu ilaalchi jedhu biyyoo heddu biratti ni leellifama. Dabalataanis, ilaalchii federaalizimiin guddina diinagdeef, tasgabbii siyaasafi mootummaa cimaa tokko ijaaruf gufu ni ta’a jedhu qabatamu isaa irraa kan ka’e biyyoottan koloneeffattoota jalaa biliisa ba’an filannoo federaalizimii ilaalu irra sirna Awuroopanota irraa fudhatameen ijaarsa hawaasa isaan hin fakkaannen mootummaa saba tokkoo ijaarun innii tokko ibsituuwwan saba isaa ibsitu biyyattii gochuufi yaalii godhameen walitti bu’iinsa dhuma hin qabne keessa galuu ni mul’ata. Kanaan alas, eenyumma koloneeffattoota irraa dhaalan ibsituu mootummaa isaanii gochuun hawaasaa bittaa garbummaatin yaadama ittiifufsiisu hordofuuf dirqamu.

Walumaa galatti akka ilaalcha Jaakobinotaatti sirni federaalizimiifi sabummaan tokkummaa waliin akka wal hin simne; federaalizimiin ijaarsa mootummaa sabaatif gufuu akka ta’eef isa irra darbee mootummaa diiga jedhamee ilaalama. Ilaalchi kun biyya keenyatti ergaa sirnii federaalaa hojiirra oolee kaasee qaamolee adda addaatin kan leellifamufi sirnicha irratti hubannoon walitti dhihaatan akka hin uumamneef sababa ta’ee kan ittiifufe ta’u ni amanama.

Kanaafuu sirnii federaalaa biyya keenyatti ijaaramu sabummaafi sirna federaalaa sabdaneessa ijaarun walqabatee hubannoon qulqulluun walitti dhihaata ta’e qabachuufi rakkoolee sirnichaan walqabatanii ka’an hiikaa deemun ijaarsa nageenya waaratiif murteessaa ta’u isaa irraa kan ka’e hariiroo ilaalcha sabummaafi federaalizimii armaan olitti tuqame haala qabatamaa biyya keenyafi idil-addunyaa waliin walqabsiisun mariin yoo taasifame gaaridha.

5.2.2 Federaaliziim akka mootummaa saba “ብሔረ መንግሥት” ijaaruutti

Yaadamni Jaakoobiyaanii fi deeggartoon fedalistoota tokko tokkoo federaaliziim fi ijaarsi mootummaa saba saba walin akka deeman ibsu. Ilaalcha kan kanneen qaban federaalistoota kanneen jalqaba turan dubbattoota afaan jarmaanii kutaa siwiiz kan yeroo amma saboota naannoo nizeeralaandi kanneen argamaan Ameerakaanotaa fi Jarmanoota turan (Oler 2001), Isaaniif kaayyoon federaaliziim inni jalqaba caaseeffama siyaasa adda adda keessaa afaanota fi aadaa tokko qaban federaaliziim sab-daaneessa irraa gara tokkotti fiduu dha. Caaseeffama garaa garaa kanneen qaban kana gara tokkootti fiduun kan dandada’amu mootummaa of danda’aa cimaa tokkoo hundeessuun komfideraala fi qiindoomina biroon raawwatamuu kanneen hindanda’amne dhimmoota waliinii raawwachuuf adeemsa deemamu kanaan fedireeshiini meeshaa ijaarsa mootummaa sabaa taasiisuun ni danda’ama. Ilaalcha kanaan sabummaa fi federaaliziimiin kanneen adda hin baanee fi federaaliziimii ijaarsa mootummaa saba taasiian fudhachuu kan jedhan dha.

Kanaaf, federeeshiin Ameerikaa akka fakkeenyatti ilaaluun gaariidha. Sirna federaaliziim Ameerikaa yeroo ilaallu mootummaa federaalawaa cimana mirga isteetoonni ofiin of bulchuu aangoo kan kenneef dha. Saboonni lakkoofsaan xiqqaa ta’aan Seeneetii keessatti akka baakka bu’ummaa qabataniif sirni caaseeffama filannoon isaan mootummaa cimaa akka qabaatan isaan gargareera jedhamee ilaalama.

5.3 Koosmoopoltiyaa: Federaaliziim sirna Saba irra ce’ee waltajjii uumu

Ilaalamini sadaffaan federaaliziimiin kan saba lakkoofsa xiqqaa haata’u guddaa sabummaa waliin qabu diiguuf humna kan qabu kanneen jedhan dha. Ilaalamni kun garaagarummaa ilaalama lama of keessaa qaba.

Ilaalamni inni jalqabaa jaarraa 19ffaa federalistoota anaarkiitii fi libiraalii kan bakka bu'u dha. Fakkeenyaaf Jooseef Burudoon fi karkarloo kaatannoo sabummaa fi mootummaa saba irratti hunda'u yerootti walfaalleessandha (Roomaa 2006).

Baayyeen isaanii jaarraa 20ffaa keessa federalistoonni libiraalaa biyyoota Awuroppaa keessatti sochii federaalistii gaggeessuun kanneen beekaman dha. Federalistoonni kunis yaada boodatti hafaa sabummaan kan saba qofaati jechuun oftuuluun faallaa sabummaa cimaa kan hordofanii fi sabummaa sanyummaadha kun immoo boodatti hafummaadha, isaaniif federaliziimiin waldeeggarasa yookiiin walgargarsa addaati. Falaasamni federaliziimii adda ta'e kun sabummaa irraa kan qulqulla'ee sababoota fudhatammummaa kan dhiyyeessuuf faallaa sabummaa kan dhabbatuudha.

Ilaalama kana Pertirudoor minsteera muummee Kanaada osoo hin ta'iin duraan durse ibse ture (Norman 2006). Tirudoortiif federaliziimiin sochii nashiinaaliziimiif mala ta'ee kan gargaaru ta'uus hirmaattoonni yaada kana federaaliziimii sabummaa milkaa'aa irratti a ijaaramu akk qabu fi nashiinaaliiziimii gara federaaliziimitti ce'uu danda'a ilaalcha jedhu qabu ture.

Awistiro maarkistii kan turan Karl Fiiniin fi Oto Baaweer impaayeera Haabes Bargeertii guyyoota dhuma irratti kanneen ibsan ilaalama adda qabu ture, isaaniif sabummaan gara biyyooleessatti adeemsiifamu sochii sirna naashinaaliziimii fi kooministiin deemamuun haammatamu kan qabu yoommu ta'u, kun immoo karaa sirna bulchiinsa mootummaa federalaa saba irratti hunda'ee fi kawuunsileeshiin waliin walqabsiisuun hojii irraa oolchuun dha.

Leeniin fi Istaaliin yaadama kan fudhachuun Soovyeet Hibret keessatti hojii irra oolchaniiru, isaaniif federaaliziimiin saboota lakkoofsa xiqqoo sabummaa isaan hammachiisuun adeemsa hawaasa sooshaalistii uumu

galma isa dhuma taasiisuuf kan gargaaru caaseeffama yeroo godhanni fudhatu.

Imaammattoonni kun irra keessi isaa yommuu ilaalaman yaada federliiziimii sab-daneessa waliin kan walfakkaatu yoo ta ‘ee illee boca maarkstii leenstooni bacan koosmoopoolitiyaan kan turaniif dursanni addunyaaf kan dhabbatan ture. ta’uus sochiin jijjiirama biyyaaleessaa fidu haarkifachuu irraa kan ka’ee waliin walqabatee caaseefamni federaaliziimi bocame sab-daaneessa kan ta’e keessatti kara daandii sooshaalistii sirna koominstii biyyooleessatiif gahuuf daandii filatama ture.

Yaadama kanaan karaa tokkoon federaaliziimiin sabummaa kan diigu fi addunyaan yaadama sabummaa irraa baatee sadarkaa sadrkaan sirna of bulchuun uumuun Caaseefama adduunyaa waliin bulchuu qabaachuun waliin keessa jiraatan, yaada sabummaa irraa kan qoollifate addunyaa uumuun yaadama jedhu fudhatanii ilaalu.

Kanneen biroon immoo federaaliziimiin dafqaan bultoonni tokko kan itti ta’an sirna koominstii hojii irra oolchuuf biyyoota sab-daaneessa ta’anii meeshaa cee’umsaa godhanii fudhachuu jedhu ilaalama qabaniidha. Kanneen murtaa’an immoo akka waliigalatii barbaachisummaa mootummaa kanneen hin fudhaneef fi hawaasiin mootummaa isa caaseeffama bu’uura federaliziimii taasiisuun uummannii naannoo isaa irraa hanga sadarkaa adduunyaatti kanneen ilaalamudha.

Yaadni kun hojii irra oolmaa isaa waliin yeroo ilaalamu yaada duuchaa ta’uu irraa kan hafe agarsiistuu dhiyyeessuu kan hin dandeenye dha.

5.4 Yaadama federaaliziimii sab-daaneessaa itti fuufsiisuu

Federaaliziimii sab-daaneessi caaseeffama siyaasaa waliin qabaachuun bu’aa akka qabu kan amanaanii yommuu ta’aan afaan, garagarummaa aadaa isaan qaban gara tokkootti taasiisuuf afaan fi aadaa isaanii

ibsachuuf federaaliziimii sab-daaneessa ta’e kan barbaadudha yaada jedhu kanneen qaban dha.

Fedireeshiin sab-daneessaa kanneen ta’an saboonni adda addaa hawaasa siyaasaa fi dinagdee tokko keessatti dhimmoota kan dhuunfaa fi kan waloo karaa dimokiraatawaa ta’een yeroo yeroon maddalaa jiraachuuf fedireeshiinoota uumamaniidha.

Fedireeshiin sab –daanessa saboonni lakkoofsa guuddaa qaban teessumaa lafa walfakkaata qabu irratti qubatanii bakka jiraniitti aangoo ofiin ofiin bulchuu kan itti argatan fi biyyaa tokkoo waliin bulchuuf carraa hirmaachuu itti qaban caarraa kennudha. Yaadni federeeshiinootaa inni guddaan biyya sab-daaneessa garaagarummaa kabaju biyya cimtuu ijaaruuf federeshiiniin sab-daaneessa filannoo wayyaadha jedhu.

Federeeshiinota sab-daaneessa sirna waaltawaa (ኦሐዳዊ) karaa adda ta’een federeeshiiniin sab-daaneessaa mootummaan saboota lakkoofsa xiqqaan hundeeffaman duubatti hafummaa kan calqisiisanii fi saboota lakkoofsa xiqqaa of keesssaa qaba, sabni guddaa achi keessa jiru mootummaa gidduu galeessaa qaban mootummaa federaalaa libiraala ta’ee miti yaada jedhu hin fudhatan (Roomaan 2006)

Sirni federeeshinootaa sabootaaf beekamtii heeraan kennuu waliin walqabate akkaataa qubannaa teessuma lafaan aangoo ofiin of bulchuu sadarkaa federaalaatti bulchiinsa waliinii hundeesssuun sab-daaneessummaa fi tokkummaan waliin akka deemaan taasiisuun qofa gahaa miti. Sirni federaaliziimii sab-daaneessa karaa itti milkaa’uuf karaa ittiin rakkoof hin saaxilamne daangaa heeraan taa’e caala haala qabatamaa biyyootaan kan murta’udha.

6. Sirna Federaalaa Sab-daaneessa fi Ijaarsa Nageenyaa

Barbaachisummaa sirna federaalaa sab–daaneessaa, sab-daaneessummaa kabaje tokkummaan waliin jiraachuu caalaa sirnichi karaa madaalamaa ta’een hojii irra oolchuun immoo ijaarsa nagaa keessatti gaheen inni qabu olaanaadha. Qorattoonni dhimma nageenyaa qoratan yaad-rimee nagaa jedhu bakka lamatti qoodu. Isaanis ;

1. Karaa gaarii hin taaneen (negative peace)
   - Walitti bu’iinsa dhaabuun kan hin danda’amne ta’uu
2. Karaa gaarii ta’een (positive peace)
   - Walitti bu’iinsa hambisuuf sababoota ka’umsa walitti bu’iinsa irratti karaa caaseffamaan hojjechuun caaseeffamni walitti bu’iinsa kan hin jirre ta’uu kanneen jedhanii ilaalaniidha

Ka’umsi federaalaa sab-daanessaa ;

- Fedhii sabootaa irratti kan hunda’udha
- Hundu karaa haqaa fi dimokiraatawaa ta’een ofiin of bulchuu fi bulchiinsa waliinii irratti hirmaatudha
- Faayidaa humna naannoo isaa fedhii misoomaa biyyooleessaa waliin waldeeggaruun kan itti raawwataniidha
- Karaa walqixxummaan itti fayyadamu,
- Eenyummaa ofirra hin darbine

Nageenya waaraa fiduuf wantoota baraachisan

- Jijjiirama caaseeffamaa fiduu
- Haqa hawaasaa mirkanneessuu
- Caaseffama walitti bu’iinsa kanneen ta’an maqsuu kanneen jedhan mala karaa nagaa (positive peace) hunda’e taasisuu akka ta’e ilaaluun ni danda’ama

Kun kan ta’u danda’u gaaruu sirinnichi karaa dimokiraatawaa ta’een kan raawwatamu yoo ta’e sirinnicha hojii irra oolchuuf duudhaa barbaachisaa ta’an uummaticha keessatti guddachaa dhuufuun yoo jirate, dhaabbilee

kana raawwachiisan jabeessuu yoo jiraatedha. Ijaarsi nagaa walitti bu'iinsa haambisuu irra darbee tiraanisfoormii taasisuu gaafata. Tiraanisfoormii yookiin jijjiirama waliigalaa taasiisuuf hirmaachisummaan soshaaliizimii, dilboo hawaasaa (social capital) ilaalcha walitti bu'iinsa haambisuuf qabu cimsuun yoo danda'amedha.

Kanneen armaan olitti ibsaman sirna federaliiziimii sab-daanessaa karaa madaallii isaa eegeen yommuu hojii irra oolu, nageenya kan ijaaru ta'uu isa hubachiisuun gaariidha. Sababoonni walitti bu'iinsa akkuma haala walitti bu'iinsichaatti garaagarummaa yoo qabaatellee qabeenya irratti kan hunda'udha (qabeenya waliin walqabatuudha) kana murteessuuf immoo kanneen aangoo qaban waliin qiindoomuu gaafata.

Federaaliziimii sab-daaneessaa, saboota hunda waan hirmaachisuuf, saboonni hundi qoodinsa aangoo sadarkaa sadrkaan jiran hunda irratti caarraa hirmaanna qaban guddadha. Maddii rakkoo hunda walitti bu'iinsa ta'ee kan nageenyaa yaada waan ta'eef mala ijaarama yaadaa fayyadamuun barbaachiisadha.

- Mala Caaseeffama yaadaa
- Mala waliigalte yaada
- Mala karaa wal deeggaruu fi qindoomuu yaadaa
- Mala wal amanaa deemuu uumuun kanneen jedhaman ibsuun danda'amas

7. Sirna fedraalaa sab-daaneessaa Itoophiyaa fi ijaarsa nageenyaa

Sirna federaalawaa sab-daneessa Itoophiyaa ilaaluun dura Heerri Mootummaa Rippablika Dimokiraatawaa Federalalawaa Itiyoophiyaa haammattoo sirna federaalaa sab-daaneessaa ta'uu kanneen ibsaan fi waggoota kurnan sadaaniif ijaarsa nagaa taasiisuu isaa gabaabumaan ilaaluun barbaachiisa dha.

7.1 Heera Mootummaa Rippablika Dimokiraatawaa Federalaawaa Itiyoophiyaa akka sirna haammattoo Federaalaa sab-daaneessaatti

Ibsitu sirna Federaalaa sab-daaneesaa mootummaa rippablika dimokiraatawaa federalaalawaa Itoophiyaa sabootaaf beekamtii kennuudha. Saboonni ofiin of bulchuu, dhimmoota isaa dhimmoota biyyooleessaa waliin karaa dimokiraatawaa ta'een hawaasa siyaasa fi dinagdee tokko ijaaruuf yaada qabudha.

Yaadama kan ka'umsa taasiisuun Heeri Mootummaa Rippaablika Dimokiraatawaa Federalaalawaa Itiyoophiyaa hojii irra oolchuuf haammttoo seeraa inni qabu ibsuun ni danda'ama. Haaluma kanaan heera mootummaa rippablika dimokiraatawaa federalaalawaa Itiyoophiyaa seensa irraa kaasee sab-daaneessaa irratti kan hunda'e ta'uu isaa kan agarsiisudha.

Galmi isaa dhuma nageenya itti fuufinsa qabu hawaasa dinagdee tokko mirkaneessuu akka ta'e ifatti ibseera. Sab-daanessummaan keenya nageenya waaraa keenyaaf akka ta'e heera keenya irratti ibsameera.

- Heera Mootummaa Rippablika Dimokiraatawaa Federalaalawaa Itiyoophiyaa keewwata 3 alaabaa Itoophiyaa ilaalchiisee ibsamaan ibsiitu sab-daansummaa keenyaa ta'u fudhachuun gaariidha. Keewwatuma kana jala keewwata xiqqaa 2 jalatti kayyoon asxaa ibsamee jiruus abdii waliin jiraachuu sabaa fi sab-lammoota Itoophiyaan qaban kan ibsuudha.
- Afaan mallattoo calaqqee eenyummaa kan agarsiisu keessaa tokko waan ta'eef federaalaan sab-daaneessa Itoophiyaa afaanota hundaaf beekamtii kenna. Kunis agarsiisituu sab-daanessuummaa heerichaa kan agarsiisudha
- Heeri Mootummaa Rippablika Dimokiraatawaa Federalaalawaa Itiyoophiyaa keewwata 5(1,2,5) ibsameen afaannota Itoophiyaa

hundaaf beekamtii kenna. Afaan Amaaraa afaan federaalaa yoommuu ta’u federeeshiinoonni hunduu afaan hojii isaanii seeraan ni murteeffatu jedha.

- Keewwata 5(2) afaan amaaraa afaan hojii federaalaa ta’uun sirna sab-daaneessaa keessatti dhimmoota hudhaa ta’aan raawwachuuf akka dandeessisuu fi hawaasa siyaasa fi dinagdee tokko uumuuf afaan waan isaan barbaachiisuuf
- Keewwata 39(2) Sabni, Sablammoonni fi Uummatootni Itoophiyaa kamiiyyuu afaan isaaniitiin dubbachuu, afaan isaanii guddisuu fi aadaa isaanii calaqqisiisuu, gabbisuu, babal’isuu akkasumas seenaa isaanii kunuunsuuf mirga qabu.
- Keewwata 39 (3) Sabni, Sablammoonni fi Uummatootni Itoophiyaa kamiiyyuu ofiin of bulchuu mirga guutuu qabu. Mirgi kun, Sabni, Sablammoonni fi Uummatootni lafa irra qubatan irratti ofiin of bulchuu, dhaabbilee mootummaa hundeessuu akkasumas bulchiinsa naannoo fi Federaalaa keessatti mirga bakka bu’iinsa madaalawaa argachuuf ofkeessaa qaba.

Ibsituun ijoo sirna federaalaa sab-daneessaa sablamoonni lafa irra jiraatan irratti ofiin of bulchuu akkasumas sadarkaa naannoo fi federaalaatti waliin bulchuu xiyyeeffannoo keessa kan galcheefi sabalamoonni afaan, aadaa fi seenaa isaanii itti fayyadamuu fi guddisuu akka danda’an kan eeyyamu ta’uusaa hammattoo sirna federaalaa sab-daneessaa Heera Mootummaa Rippablika Dimokiraatawaa Federalaalawaa Itiyoophiyaa ta’ee fudhatamuu danda’a.

Sabnii fi sablammoonni jaalalaan, walqixxummaan, walamantaan fi fedhiin haala mirgi hundaa kabajameen dhimma waloo isaanii raawwachuufi waliin ta’anii sirna siyaasaa tokko hundeessuuf kan filatan sirna federaalaa sab-daneessaa hanga ta’etti gufuuwwan isaan qunnaman marii fi maraabbaan furuun nageenya waaraa ijaaruuf hammattoo dandeessisu jechuun ni danda’ama.

7.2 Sirna federaalaa sab-daaneessaa keeessa ijaarsa nageenyaatiif haala mijataa jiran

Sirni federaaliiziimii sab-daanessa taasiifate bu'uura irraa hawaasa sab-daanessaa ta'an irratti kan hunda'udha. Heera Mootummaa Rippablika Dimokiraatawaa Federalaalawaa Itoophiyaa sirna sab-daneessaa irratti kan hundaa'ee ta'uu isaa armaan olitti ibsamee jiru kana lafa qabsiisuuf kan fayyadudha.

Uummatoonni sabaa fi sab-lammoota Itoophiyaa yeroo dheeraaf waliin jiraachuu seenaa waliin kan qaban ta'uun isaanii sirna sab-daaneessaa keessatti heerichii qabu kan deeggarudha. Haanqinaaleen jiran akkuma eegametti ta'ee ofiin of bulchuu, dhimmoota waliin irratti waliin mirkaneessuu yaaliin jiru ni mul'ata. Heerrichi sirna sab-daaneessaa hojii irra oolchuu mijataa ta'uu isaa agarsiisa. Haalli qabatama biyya keenyaa sirna federaalaa sab-daaneessaaf haala mijataa kan uumudha. Sababoonni isaa hawaasicha keessa waliin jiraachuu fi biyyaa guddoo tokko ijaaruuf hawaasa muuxannoo qabu waan ta'eef. Akkasumas afaan, aadaa isaanii miira obboolummaadhaan itti fufsiisuuf hawaasa fedhii qabu ta'uun isaa haala mijataa sirna federaaliiziim sab-daanessaa hojii irra oolchuun ijaarsa nagaatiif murteessaa fi mijataa ta'ee fudhatama.

7.3 Sirna federaalaa sab-daaneessaa keessatti ijarsaa nageenyaaf guufuuwwan mul'atan

- Ijaarsa sirna federaalaa sab-daaneessaa heeraan haammattoo yoo qabaatellee hojii irra oolchuu dhabuu
- Dhaabbiilee hojii irraa oolmaa sirna federaalaa sab-daaneessaa wabii ta'an hanga barbaadame cimanii dhaabbachuu dhabuu
- Rakkoolee sadarkaan qunnaman karaa sirna federaalaa hin faalleesineen hiikaa deemuu dhabuu

- Sirna federaalaa karaa tokkoon rakkoon keenya ittiin furamuuf furmaata kan kennu kara biroon immoo madda rakkoo hunda godhaan ilaaluu fi aadaan siyaasa keenyaa rakkoolee sirna bulchiinsaa keenya waliin kan walqabatu ta'uu isaa sirritti hubachuu dhabuu.
- Itoophiyaan biyya saba fi sab-lammootaa ta'uu ishee haala qabatama jiru fudhachuun biyyaa hundaaf mijattu ijaaruun biyya sab-daaneessa ta'e ijaaruuf sochii taasiisan irra biyya sab-daneessa taate ijaaruun yeroo hunda walittii bu'iinsi akka jiraatu taasisa jedhuun yaada beektotni muraasaafi beektotni siyaasaa qabaniidha.
- Yaada saba jedhu qofa qabachuu
- Sirna federaalaa sab-daaneessaa ijaaruun adeemsa ta'uu isaa hubachuu irraa gaaffiileen hunda al-tokkootti akka deebi'an yaaduu
- Aadaa rakkoo siyaasaa mariif marabbaan hiikuuf qabnu xiqqa ta'uuu isaa

8. Dhimmoota xiyyeeffannoo fuul-duraa barbaadan

Leenjii kana irratti hunda'uun dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadan akka hubataman taasiisuuf dursa dhimmoota irratti waliigaluu qabnu irratti yaada walfakkaataa qabaachuun barbaachiisa dha.Yaada saba, sab-daaneessa, sabummaa, federaaliiziim, sirna federaalaa,federeeshiinii sirna federaalaa sab-daaneessaa ijaarsa nagaa irratti yaada walfakkaatu qabaachuun naannoo keenyatti hojii irraa oolchuuf sochii taasiisuun sirna federaalaa sab-daaneessaa hojii oolchuun ijaarsa nagaa ijaara deemuun barbaachiisadha.

9. Gudduunfaa

Sirni federaaliiziimii sab - daaneessaa karaa sirrii fi dimokiraatawaa ta'een hojii irra oolchuun meeshaa ijaarsa nageenyaatiif kan ta'udha.

Barreeffamichaa keessatti biyyi keenya sirna federaaliiziimii sab-daaneessaa fi ijaarsa nageenyaaf haala mijataa fi haammattoo seeraa qabaachuun baroota kuranan sadeen darban sirna federaalaa hojii irra oolchuuf yaalameen ofiin of bulchuu fi waliin bulchuun walqabatee bu'aawwan argaman akka haala mijataatti fudhachuun danda'amus biyya keenya keessatti asiif achitti qormaatileen qunnaman akkuma amala walitti bu'iinsa isaatti qorannoo kan barbaadu yoo ta'ellee sirna federaalaa sab - daanessaa karaa sirrii fi guutuu ta'een hojii irraa oolchuuf haanqinaalee jiraan madda rakkoo tokko godhanii ilaaluun ni danda'ama.

Rakkoolee barreeffamicha keessatti tarreeffaman fi kanneen biroo rakkoolee naannoo keenya keessatti argaman adda baasuun maariif dhiyeessun furmaata isaa irratti hojjechuun sirna federaalaa sab-daaneessaa fi ijaarsa nageenyaa waliin kan deeman fi kan waliin akka mirkana'u taasiisuun ni danda'ama.

References

Elazar Daniel, (1987). Exploring Federalism. University of Alabama Press, Tuscaloosa.

Elazar, D., (1994). Federalism and the Way to Peace. Institute of Intergovernmental Affairs, Kingston.

Galtung John (1996). Peace by Peacefull Means, Norway, SAGE Publications Ltd

Gellner, E. (1983). Nations and Nationalism. Ithaca, NY: Cornell University Press.

Gagnon Alain-G. (2001). The moral foundations of asymmetrical federalism: a normative exploration of the case of Quebec and Canada, in Alain-G. Gagnon and James Tully, (eds.), Multicultural democracies, UK, Cambridge University Press.

Hale, H., (2004). Divided we Stand: Institutional Sources of Ethnofederal State Survival and Collapse. World Politics 56(2), 165–193.

Horowitz, D. (1985). Ethnic Groups in ConXict. Berkeley, CA: University of California Press

Kössler Karl (2018). Governing Divided Societies through Territorial Autonomy? From (too) Great Expectations to a Contextualist View. Journal of Ethnic Studies 81 pp 21-41

Nordlinger, Eric A (1972). Conflict Regulation in Divided Societies. Cambridge, MA: Center for

International Affairs, Harvard University.

Norman Wayne (2006). Negotiating Nationalism: Nation building, Federalism and Secession in the multinational states. Oxford University Press, New York.

Smith, A. (1983). Theories of Nationalism, 2nd edn. London: Duckworth.

O'leary Brendan (2001). An iron law of nationalism and federation? Nations and Nationalism 7 (3), pp 273 -296,

Watts, R., (2007). Multinational Federations in Comparative Perspective. In M. Burgess & J. Pinder (eds.) Multinational Federations. Routledge, London, New York.

Watts, R., (1996). Comparing Federal Systems in the 1990s. McGill-Queen’s University Press, Montreal,

Kingston